WELCOME PLAN
KENT COUNTY

Karoora

Karoora Simannaa Kaauntii Keent: Hawaasni keenya karoora Kaawuntii Keent caalaadhumatti hunda galeessaa fi simataa taasisuuf jecha xiyyeeffannoowwanii fi hudhaalee Amerikaanota Kaawuntii Keentiif haarawa ta'an mudachuu malan ittiin irra aanan qopheessuuf yaada qaba. Karaa qorannoowwan 800 olii fi gareewwan xiyyeeffannoo 25 olii duub deebiin Amerikaanota Haarawa irraa funaanameera. Odeeffannoon kunis Karoora Simannaa Kaawuntii Keent kan garee hojii dhaabbatoota 40 ol bara 2020 keessa Kaawuntii Keent hunda keessaa walitti dhufan kan hubachiise dha.

Duub deebiin Amerikaanota Haaraya kana irraa walitti qabames dubbiilee ijoo shanan armaan gadi ikan ibsudha:

1. Bilisummaa gosa hojii fedhii kootii hojjechu
2. Bilisummaa Aadaa, amantii fi barmaatii koo guddifachuu qabaachuu
3. Sadarkaa Ingiliffaa barbaadame irra gahuu
4. Barnoota, egeree fi nageenya ijoollee koo keessatti dammaqinaan hirmaachuu.
5. Amerikaanonni biroon waa'ee aadaa, amantii fi haala koo akka hubatan gochuu

Karoorri Simannaa Kaawuntii Keenti (KCWP) bakka gurguddoo shanitti qoodamu:

1. Hirmaannaa Hawaasaa
2. Dandeettii dinagdee Amerikaanota Haaraa guddisuu
3. Bu'aa Barnoota Amerikaanota Haaraa fooyyessuu
4. Dhaqqabamummaa tajaajilaa marartoo ta'e dhiheessuu
5. Jiraattonni Kaawuntii Keent Miira Nageenyummaa Akka Qabaatan Gochuu

Shora Qabaachuu

Koreen Qajeelchituu KCWP, dhaabbattoota hirmaatoo kaayyoo fi gosa hundee qaban 40 ol waliin ta'uun sadarkaa raawwii KCWP waliin eegaluuf jedha. Miirri simatamuu tattaaffii isa xiqqaa fi hawaasni hundinuu hawaasa hammataa fi hunda galeessa, akkasumas bakka namoonni dhuunfaa fi maatileen itti kabajaman uumuuf shora ol'aanaa bahachuu qabu. Tarkaanfiin keenya itti aanu Karoora Hirmaannaa Simannaa Kaawuntii Keent, garee dhaabbatoota danuu hawaasa nuti tajaajillu calaqqisiisan uumuudha. Miseensonni Hirmaannaa KCWP garee hojii muuxannoo fi kallattiin hojii isaanii shoora ol'aanaa qabu filachuun hojii isaa ijoodha. Miseensa Hirmaannaa KCWP ta'uun qorannoo armaan gadii akka guutan affeera:

Dudduubee

Kaawuntiin Keent bakka jireenyaa tilmaamaan biyyoota 112 irraa walitti dhufanii fi afaanota 40 dubbachuu danda'aniiti. Karoorri Simannaa Kaawuntii Keent Amerikaanota Haaraa ta'aniif miira abbummaa uumuun wal kabajuun waliin guddachuu kan mirkaneessudha. Bara 2018 fi 2019 hawaasni keenya badhaasa Geetwey foor giroowz fudhateera. Geetwey for groowz (G4G) n kaka'umsa biyyoolessaa kan uummata Amerikaanota Haaraa ilaalchisee gabaasa dhiibbaa dinagdee murtaa'aa fi tarsiimoo karoora deggersa qinda'aa sekteroota danuu hawaasa Amerikaanota Haaraaf caalaadhumatti simataa fi hunda galeessa ta'e uumuudha. Kun wal ta'iinsa dhaabbatoota lamaa, Welcoming America fi American Immigration Council (kan duraan Diinagdee Amerikaanota Haaraa jedhamuun beekamuu) dha. Giraand Raappiids isteetota 35 keessaa naannolee deggersa G4G fudhatan 71 keessaa isa tokkodha. Akka qaama deggersa fudhate tokkootti hawaasni keenya gabaasa qorannoo diinagdee murta'aa hawaasa naannoo keenyatti godaanan, akkasumas boodarra Karoora Simannaa hawaasaa murtaa'e ni uuma.

Odeeffannoo

Kuneen armaan gadii cuunfaa odeeffannoowwan funaanamaniitu:

- Bara 2011 fi 2016 gidduutti baqattoonni baay'ina uummata Kaawuntii Keent keessaa %24.1 uwwisu.
- Baqattoonni Oomisha Biyya keessaa(GDP) Kaawunti Keent keessaa gahee $biiliyoona 3.3 qabu. Maatiwwan baqattootaa galii $biiliyoona 1.3 kan argatanii fi dandeettii qarshii baasuu $miiliyoona 950tti siqu baasan(2016)
- Kaawuntii Keenti keessatti baay'inni baqattootaa %27 ta'an umurii wagga 25 fi isaa ol yoo ta'an %21.8 kan ta'an immoo digirii jalqabaa fi sanaa ol qabu. (2016)
- Kaawuntii Keenti keessaa hoji uumtota 2,031 tu jira. (2019)
- Baqattoonni 55,595 ta'an Hojii uumtota Kaawuntii Keenti gara %8.6 tti ol butaniiru. (2019)

Geessituuwwan barbaachisoo:

Karoorawwan guutuu afaan Ingiliffaa fi Ispeeniin ilaali:
www.kentcountynewamericans.org
Miidiyaa hawaasaa irraa odeeffannoo fooyya'aa argadhaa
www.facebook.com/KentCountyWelcomePlan
Qindeessaa Karoora Simannaa:
Hollin De La Cruz:
hollin.delacruz@kentcountymi.gov